Minnesota Department of Education

Gaaffii Yeroo Baayyee Gafataman: Maaliif Bahiin Qormaataa Kan Guutummaa-State Dhimma Ta'e?

Qormaati Guutummaa-State Maal'inni?

Qormaati guutummaa-state keessatti waggaa-waggaan kennamu, qorannaa fi ilaalcha kutaa mana barumsaa keessatti ta'an dabalatee, kan ittin kenna-dhalootaa, dandeettii barumsaa barataa yks barattuu tokkoo ittin madaalan dha. Qormaati guutummaa-state Minnesota, Minnesota Academic Standards (Sadarqaa Barnootaa Minnesota) bira qabee, erregaa'n, dubbisuu'n, science fi guddina dandeettii Afaan Ingiliffaa warra Ingiliffaa baratu addaan kan madaalu dha. Qoranaan yks ilaalchi tokko-tokko guyyaa-guyyaan ta'u, warri kaan dhuma barumsa tokko'tti, warri kaan'immoo dhuma semester yks course'tti. Manni barnootaa ilaalcha sirri dhaan, madaalli yks sadarqaa barnootaa kaa'amanii jiran bira qabanii dandeetti barumsaa barataa tokkoo dhugoomsu. Qormaati guutummaa-state Minnesota, barumsa barattootaa madaaluuf waan ittin madaalan keessaa akka tokkotti dhimma iti ba'aama.

Bahiin La'kkoobaa Qormaata guutummaa-state attamitti Dhimma-irra Oola?

Odeeffanoon qormaata guutummaa-state karaa adda-addaa dhimma itti ba'ama. State'n walitti qabaa bahii qormaataa'tiin hawaasa fi U.S. Department of Education (Qaama Barumsaa U.S.) tti barattoonni Minnesota mana barumsaa'tti hammam akka hojjetan yks sadarqaa akkamii irra akka jiran gabaasa kenna. Bahiin lakkoofsa qormaata guutummaa-state, State'n, manni barnootaa dandeettii barumsa irratti barattoota gidduutti garaagarummaa guddaan akka hinjiraanne gochuuf, guddina yks jijjirama akkami agarsiisa akka jiran kan ittin madaalu dha. Akkasumas manni barnootaa fi aanaan bahii qorannaa kana dhimma itti ba'anii hammam barumsa irratti barattoota dagaagsuuf yeroo-yerooti tattaafannaa gochaa jiran ittin hojii isaanii madaalu yks safaru. Beekttonni barnootaa (educators), bahii qorannaa kana irratti hundaa'anii baratooti maal irratti dandeettii/jabina yks maal irratti gargaarssa akka barbaachisu, bahii hundumaa wal bira qabanii ilaaluu dhaan karoora barnootaa fooyyessuu/sirreessuu irratti hojjetu. Bahii qorannaa kana ilaaluun maatiin ijoollee isaaniitii yeroo mana barumsaa barbaadan foo'anna godhan irratti isaan gargaara. Akkasumas, maatiin, barattoonni fi beekttonni barnoota bahii kana ilaaluun baratan hammam akka barumsa sadarqaa addaatti, college'tti akkasums gara fuula duraatti jireenyaan hammam milkaa'uuf karaa gaarii irra hinjiraaf hinjiru issaa irraa hubachhuu yaalu. Sababii kanaatiif, qormaati guutummaa-state maqaa gaarii akka qabaatu (shakkiin akka hinjiraanne) itti gaafatama ga'ee nama hundumaa kana keessatti qooda fudhatuutti.

Qabxii qormaataa dhugoomsuun maal, maaliifis barbaachisaa ta'e?

Dhugoomsuun qabxii qormaataa waan lamaaf bu'aa qaba; qarooma (technical) fi waan fakkaatu, ta'a. Warri beektota qormaaticha kennan qajeelchi (guidelines), akkaataa qormaati itti geggeeffamu dhugoomsuun (validity) raagi dhi'aatu hammam bahii qabxii qormaataa sana deggera dha jedhu" (p. 11).[1] Akka yaada guyyaa-guyyaatti, namoonni tokko-tokko dhugoomsuun qabxii qormaataa kun gaaffii, qabxiin bahii qormaataa gaafii tokko-tokko, "qabxiin kun natti himuu kan inni yaalu (dhugaa dhaaf gaarii ta'uu isaa) amanu nandanda'aa kan jedhuu dha. Bahiin qabxii qormaataa dhugaa yks amansiisaa kan inni ta'u achi qabxii kana irratti hunda'anii dandeettii

[1] Walitti-Dhufina Qormaata Barumsaa Amerikaanii (American Educational Research Association), Walitti-Dhufina Waa'ee Psykologii Amerkaa (American Psychological Association), Kaawnsili Biyya Madaaluu yks Safartii Barumsaa (National Council on Measurement in Education) (2014*). Dhaabbata yks Sadarqaa Barumsa fi Psykoologii Ittin Qorata. (Standards for Educational and Psychological Testing.).,* Washington DC: Katabaan.

barataa tokkoo hammam akka ta'e yoo irraa baruu danda'anii dha. Fakkeenyaaf, barataan tokko qormaata Minnesota Comprehensive Assessments (MCA) kan jedhamu irratti qabxii yks bahii "Meet the Standards" (waan barbaacchisu), guuteera kan jedhu yoo argate, kana irra dhaabbatanii barataan (barattuun) kun kutaa barate sanaaf kenname, dubbisuun, erregaa fi science'tti barumsa ga'aa fi dandeettii qabaateera, kutaa mana barumsaa ol'aanaa, isa booddees akkasumas college fi college booddee hojii irratti bobba'uuf dandeettii ga'aa argaateera jechuu hindanda'ama. Beekumsi fi ogummaan barattoonni argatan gaaritti baramuu, himamuu fi kaa'amuu hindanda'ama; barrattoonni, warri ijoollee fi bektoonni barnootaa bahii kana irratti hunda'aanii barumsaan guddina barataa kanaa gara fuula durratti karoorsuu danda'ama. Bahiin qormaataa dhugaa ta'e (amanamu) dandeettii fi dadhabbina barataa tokkoo walii maqssee waan agarsiisuuf warri ijoollee fi beekttonni barnoota bahii kana ilaalanii barata kanaaf gara fuula duraatti maal gochuun akka isaan itti gargaaraamu.

Wanti tokko-tokko yks gochaan tokko-tokko qabxiin qormaata dhugaa akka hintaane gochuu kan malan, kan nama yaaddessu maal fa'i?

Bahii qormaataa tokko karaa ta'uun akka ta'utti dhimma itti ba'uuf qabxiin sun gargaarsa tokko malee dhuunfaa'tti kan hojjetamu qabxii dhugaa barataa tokkoo ta'uu qaba. Hanni, (hatanii, nama garabiraan gargaaramanii hojjeechuun) qabxii qormaata barumsaa sana gatii dhabsiisa. Karaa namooti hatuu danda'an yks karaa sirri hinta'in hojjetan tokko-tokko kanaa gaditti kennamaniiru:

- Barattoonni gargaarsa yks gaaffii qormaataaf deebii baratoota warra kaan biraa argachuu.
- Barattooni warra barsiisan yks hojjettoota mana barumsaa bira gargaarsa argachuun.
- Barattoonni qormaata kennamu duraandursanii arguu, shaakaluu.
- Beekttonni barnootaa qormaata isuma kennamuuf jiru irraa baratoota shaakalsiisu.
- Bektoonni barnoota yks Barsiisonni deebii barattoonni deebisan geeddaruu yks jijiiru yks qormaata gegeeddaru yaaluu.
- Barsiisonni akka hanni hintaane iddo qormaati itti kennamu of'eegganaan qopheessu dadhabuu.

Hanni maal namatti fida?

Gabaasa bahii qormaataa barattootaa kan bahiin isaa hojii barataa sanaa inta'in barataa tokkoof, maatii fi mana barumsaa erguun waan namatti fidu. Wanti ta'uu danda'u yaraan kanaa gaditti kennamaniiru:

- Barattoonni waa'ee barumsa isaanii dogoggorsiifamu.
- Gabaasi dhugaa hinta'in warra ijoollee fi warra bahii kanatti dhimma bahaanii murtoo godhaniif kennama.
- Kanaan kan ka'e barattoonni sagantaa barumsaa hinqophaa'iniifitti ramadamanii gargaarssa isaan barbaachisa yks isaaniif ta'u hinargatin hafu.
- Hir'ranni dandeetti waan hinbeekamneef, bira hinga'amneef qabeenyi mana barumsa akka hintaaneetti dhima itti ba'ama.
- Hawaasaaf mana barumsaa isaa ilaalchise gabaasi sirri hinta'in godhama.
- Hawaasi qorannaan sagantaa mana barnootaa sirriitti dandeettii barattoota madaaluu isaa irratti amantaa dhaba.

Hanni akka hintaane maal godhu?

Aanota mana barnootaa Minnesota maqaa gaarii kan qabu aadaa barnootaa uumanii eeguun hiiktuu ittin hanna hambisanii dha. Barnoota maqaa gaarii jechuun maal jechuu akka ta'e aanonta mana barnootaatiif akka ittiin hojjetaniif (jiraatan) kan kaa'ame (code of conduct) fi caaffatoota harka kan barattootaa keessatti argamu; yoo garaagarummaa xinno qabaataniyyu tuqaa hiiktuu ta'an tokko-tokko irratti yaaduma tokko qabu.

- Maqaa gaarii kan qabu barumsi amanamaa kan ta'e itti gaafatama kan hubatu barumsa/qorannaa dha.
- Hojiin barumsaa ilaallatu hundi dhama'ee hojjechuu dhuunfaa abbaa baratu sanaa ta'uutu irra jira.

Akkuma aanoti mana barnootaa, barumsa dhugaa/maqaa gaarii qabu barattoota isaanii irraa eegaan yammuu barattoonni qormaataa kan state guutu fi qorannoo kaanis fudhatanis barattoonni amanamumaan akka hojjetan irraa eeguutu ta'a. Aanoti barumsi fi qabxiin qormaataa maqaa gaarii akka qabaatan deggeruu danda'u.

- Bahii qabxii qormaataa fi kuusaa lakoobsa qorannaa attamitti akka dhimmii itti ba'amu odeeffannoo isaa warra isaan ilaallatu dabarsuun baayyee barbaachisaa dha.
- Maqaa gaarii/amanamummaa qabaachuun akka barbaachisaa ta'e ifatti dubaachuu.
- Barattoonni fi hojjetoonni waan sirrii hintaane hojjeechuun akka dhumi isaa gaarii hintaane hubachiisu.
- Hojii sirri hintaane yammuu hojjetamu adabbii ta'uuf yeroo hundumaa kennuu.
- Eegumsi fi of'eeggannoon qormaataa akka godhaman barattoonni fi hojjetooti mana barnootaa waadaa galanii mallatteesuun akka mirqaneesan gochuu.

Maqaa gaarii akka qabaatu, qajeelinaan jiraachuuf waada galaniyyuu namoota yartuun hatuu hin'dhiisan yoo ta'eyyuu barattoota fi hojjetotatti cimsanii himuun amala gaarii fi maqaa garrii barnootaa eegu isaan keessatti uuma.

Qajeelchinii fi akkaataan qorannaa waa'ee barumsaa Minnesota (state) guutu geggeeffamu *Procedures Manual for the Minnesota Assessments*, kan jedhamee beekamu akka itti qormaati geggeffamuu caaffata harka, shaakalaa fi leenjisii keessatti argama. Aanoti fi manni barnootaa barattoonni, barsiisonni fi hojjetooti mana barnootaa qormaataaf eeggannaa akkami gochuun akka isaan irra jiru akka hubatan gochuu. **Seera fi akkaataa waan hinbeeknee yks hin'hubanne eeggannaa ta'uun irra jiru cabsuu malu.** Barsiisonni yks beekttonni barumsaa utuu itti hin 'yaadin, gargaarsa waan godhan itti fakaate, jaalala barsiisu dhaaf qabaniin maqaa gaari qabxiin qormaataa qabaachuun irra jiru balaa irraan ga'uu dandandau. Hatau malee, barataa tokkoon isa hojjette deebii sirri hinta'in keessa deebi'I ilaali jedhanii gaalchaan itti yoo himan seera cabsuu waan ta'eef hojiin fi qabxiin qormaatichaa gatii dhaba; akka serri cabes gabaasi isaa Minnesota Department of Education - MDE (Qaama Barnoota Minnesota) ergamuu qaba.

Yammuu beekaan barnoota tokko qormaata state guutummaa keessatti kennamu irratti seera cabsuun isaa mirqanaa'e maaltu ta'a?

Beekaan barumsaa tokko seera cabsuu isaa, akka kun ta'esi wanti beekamaan yks mirqaneessu MDE'tti gabaasamuu qaba, MDE'n bulchiisi aanotaa gabaasii cabuu seera fi raagi dhi'aate dhugaa ta'uu isaa murteessu qabu. Seerri kan cabe bulchiisa aanotaa'tiin yoo ta'e, want kana caalu gara biraanis yoo argame namnii alaa qaxaramee (mindaa'ee) waan ta'e qorachuu yks ilaalu qaba. Gungummiin serri cabe kan jedhuu Board Barsiisuu Minnesota'tti yks Board Bulchiisa Mana Barnootaa 'tti ergaman qorachuu fi ilaaluuf Waajjira Attorney Genera Minnesota'tti qajeelffamu/ergamu. Akka seerri Minnesota Statute 122A.20 Subd. 1(a), jedhutti Boardiin Barsiisaa fi Bulchiisa Mana Barnootaa lamaan keessaa isaa dubbin isaa ilaallatu gadi fageenyaan qoratamee, beekaan barumsaa kan hayyama (license) tokko yakkeera yoo ta'e adabamuun akka irra jiru murtoo gochuu. Beekaan barumsaa tokko seera cabsee yks yakkee argame adabbin of'eeggachiisaa, hayyami isaa yeroof hojii irraa qabamu yks harkaa fuudhamuu ta'a. Aanoti Mana Barnoota beekaa barumsaa tooko seera cabsuun kan ka'e hojii dha baasuu Board'ii dubbiin isaa ilaallatutti gabaasa erguu qaba.

Seera eegumsa qormaataa cabsuutti nama shakkamu attamitti irratti gabaasu?

Karaa beekamaan seerri cabuu eegumsa qormaataa gabaasan School Assessment Coordinator (Qindeessaa Qoranna Mana Barumsaa) yks District Assessment Coordinator (Qindeessaa Qorannaa Aanaa'ti), isaan immoo Gabaasa Eegumsa Qormaataa MDE'tti tarkaanfii barbaachisaa ta'eef itti dabarssu. Serri cabuu isaa fuulaan yks utuu eenyummaa ofii bakkee hinbaasin odeeffannoo barbaachisaa ta'e wajjin MDE'tti karaa Minnesota Statewide Test Security Tip Line ergamuu hindanda'ama. Minnesota Statewide Test Security Tip Line kan jedhu MDE website dhaqaa ilaalaa (MDE > Districts, Schools and Educators > Statewide Testing dhaqaa ilaalaa).